Talaallii Pooliyoo

Wanti ati beekuu si barbaachisu

Many Vaccine information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis
Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

1 Aalif talaallii fudhannaa?

Talaalliin namoota **pooliyoo** irraa ni ittisa. Pooliyoon dhukkuba vaayirasiidhaan dhufuudha. Ira caalaas namaa irraa gara namaatti tuxuqaadhaan kan daddarbuudha. Akkasumas karaa nyaata ykn dhugaatii bobbaa nama dhukkubichaan faalamee soorachuun dadarbu ni daddarba.

Namoonni Pooliyoodhaan saaxilaman hedduunis mallattoolee kan hinqabnee fi osuma haala wal xaxaa keessa hingaliin t dandamachu ni danda'u. Garuu yeroo tokko tokkoos namoonni Pooliyoodhaan qaban miira laamshaa'u (harkaa fi miilla isaanii hinsochoosan) irratti mul'ata. Pooliyoon hirina qaamaa dhaabbaa taata'eef qaqqabsiisu danda'a. Akkasumas Pooliyoon keessumattuu qaama ittiin afura baafannu laamaasheessuun du'aaf sababa ta'u mala.

Pooliyoon biyya Ameerikaa keessatti baayyee baramaa ture. Osoo talaalliin Pooliyoo bara 1955tti hinargamiin dura waggaa waggaadhaan namoota kumaatama laamshessaa fi ajjeesaa ture. Qorichi dhukkuba Pooliyoo irraa nama fayyisu hinjiru, garuu talaallidhaan ittisuun ni danda'ama.

Pooliyoon biyya Ameerikaa keessaa dhabamsiifamee jira. Garuu hanga ammaatti kutaa addunyaa biroo keessatti ni muul'ata. Talaallidhaan ofi-eeggannoo gochuu yoo baanne namni pooiliyoodhaan qabamee tokko qofti biyya biraatii gara keenya fiduu danda'a ta'a. Osoo yaaliin dhukkubicha addunyaa irraa dhabamsiisuuf taasifamu mirkanaa'ee, gara fuula duraatti talaalliin pooliyoo hin barbaannu ta'a. Hanga sanattis, daa'imman keenya talaalchisuun nu irra jiraata.

2 Talaallii Pooliyoo

Qorichi Talaalliin Pooliyoo dadhabsiisu (**IPV**) pooliyoo ittisu ni danda'a.

Daa'imman

Namoonni baay'een wayita ijoollee turanitti IPV argachu qabu. Baayyinni Qoricha IPV s yeroo hedduu ji'a 2, 4, 6, hanga 18, fi umurii waggaa 4 hanga 6 tti kennama.

Akka hayyama eegumsa fayyaa Kennuufi, haala gabaas Talali sirritti, qoranno talalitifi, saganta gaha tahe, Talale fuul duraatif gabaasni ni ergama eegumsa gaime fooyyessu Michiganifi, Namoonni dhunfaa, akk gaafatan dhaabbat gargaars fayyaa isaaniif kennu, akka gaabaas talale full duraa akk galmeet hin ergin Mirga qaban.

Sagantichi (namoota biyyoota muraasa deeman fi kanneen IPV akka talaallii walmakaatti fudhatan dabalatee) daa'imman muraasaaf rakkisaa ta'u mala. Dhiheessan kunuunsa fayyaa keessanii odeeffannoo dabalataa isiniif kennuu danda'a.

Ga'eessota

Ga'eessonni hedduun IPV fudhachuun isaan hinbarbaachisu sababii yeroo daa'imummaa isaanitti talaallii farra pooliyoo talaallamanii jiru ta'uuf. Garuu ga'eessonni muraasni rakkina guddaa keessa kan jiranii fi talaallii pooliyoo fudhachuun isaan barbaachisa, kunis kan dabalatu:

- Namoota gara kutaa biyya addunyaa ta'ee imalan,
- Hojjettoota kutaa laaboraatoorii (qo'annoo) tarii vaayirasii pooliyoo qo'atan, fi
- Hojjettoota kunuunsa fayyaa dhukkubsattoota Pooliyoon qabaman yaalaa jiran.

Dhiibbaa olaanaan ge'eessotaa kunis tarii baayyinaIPV 1 hanga 3 barbaachisa ta'a, kunis baayyina hamma kanaan dura fudhatan irratti kan hundaa'uudha.

Talaaliiwwan biroo akka IPV rakkina beekkamaa yeroo walfakkaatatti qaqqabsiisuun isaani kan beekamu hinjiru.

3 Namonni muraasni talaalllii kana fudhachu hunqaban

Nama talaalliicha isiniif kennutti himaa:

- **Yoo namni talaallii fudhate kan ho'aa qaamaa cimaa, rakkina adanyoo hamaa lubbuu balleessuu danda'u jiraate.**
  Erga baayina doozii qoricha IPV fudhatameen booddee yoo adanyoo miidhaa lubbuu miidhu jiraate, ykn kutaa talaallii kanirratti adanyoo cimaa yoo jiraate, talaallicha akka hin fudhanneef gorfamu dandeessa ta'a. Waa'ee qabiyyee talaallicharratti odeeffannoo yoo barbaddan Keennaa tajaajila kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa.
- **Namni talaalliicha fudhate kan miirri gaariin itti hindhagahamne yoo ta'e.**
  Yoo dhukkubbii xiqqaan kan akka qorraa, sitti dhagahama ta'e, talaallicha har'a fudhachuu ni

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

dandeessa. Yoo giddu galaan ykn baayye kan dhukkubsattan ta'e, hanga dandamattanitti eeguu qabdu ta'a. Doktorri keessan isin gorsu dana'a.

4 Miidhaawwan qoricha talaalliinkennamuun dhufu danda'an

Qaricha kamiyyuu waliin, qorichoota talaalliwwaniin kennaman dabalatee, carraa dhiibbaa qabaachi ni jiraata. Kunis yeroo hedduu salphaa fi ofumaan kan adeemaniidha, garuu dhiibbaa cimaanis jiraachuu ni danda'a.

Namoonni IPV fudhatan tokko tokkos iddoo qorichi kennameen sanarratti mallattoo dhukkubbii ni qabaatu. IPV'n rakkinoota hamaas sababii ta'uun kan hin beekamnee fi namoonni hedduunis rakkinni isaan walqabata kamiyyuu isaan hinmudanne.

Rakkoolee biroo qoricha talaalliin kennamu kana booddee mudachu danda'a:

- Yeroo tokko tokko namoonni erga yaalamaniin booda, erga talaallii fudhatanii dabalatee, of wallaalu. Daqiiqaawwanhanga 15 taa'uun ykn ciisuun boqachuun, ofi wallaaluu fi miidhaa kufuudhaan umamuu malu ittisu ni danda'ama. Yoo dhiphatte, ykn aguuf kan rakkattu ykn gurra keessaan irratti kan iyyu ta'e, dhiheessaa keessanitti himaa.
- Namoonni muraasni dhukkubbii gateettiirra baayyee cimaa fi dhukkuubbi biraa kan akka talaalliin kan ka'e madaa'u fa'I caalaa irra turu qabaachu danda'u. Kunis darbee darbee mul'ata.
- Qorichi kamiyyuu adanyoo hamaa qaqqabsiisuu ni danda'a. Rakkinoonni sababii qoricha talaallii kennamu kunis baay'ee muraasa, baayina doozii miiliyoon akeessaa gara 1 kan shalagamu, fi kan erga talaallii fudhatameen booddee daqiiqawwan muraasaa hanga sa'aatiiwwan muraasa keessatti kan muudatu danda'udha.

Akkuma qorichoota biros, miidhaa hamaa ykn du'aatiin sababii talaallitiin qaqqabu baay'ee muraasa.

Nageenyummaan qoricha talaalliin kennamuus yeroo hunda to'atamaa jira. Odeeffannoo dabalataatiif, do'adhaa: **www.cdc.gov/vaccinesafety/**

5 Yoo rakkinni cimaan jiraate hoo?

Maalan barbaada?

- Dhimma isin ilaallatu kamiyyuu, kan akka mallattoolee danyoo miira dhukkubbii hamaa, ho'a cimaa, ykn jijjiirama amalaa hinbaramnee baruu qabdu.

Mallattooleen **adanyoo miidhaa dhukkubbiin hamaa** qama irratti waa bahuu, dhiita'uu fuulaa fi qoonqoo, rakkina hargansuu, dhawannaa onnee sardamaa fi dadhabbiidha. Kuni talaallidhaan booddee daqiiqawwan muraasaa hanga sa'aatiwwan muraasatti kan eegalu ta'a.

Maal gochuutu naaf ta'aa?

- Yoo **danyoo miidhaa hamaa kan qaqqabsiisu ta'e** ykn muddama eegamuun hin danda'amne ta'e, 9-1-1 irratt ibilbilaa ykn nama sana gara Hospitaala itti dhihaatu geessaa. Kana yoo ta'uu baate garuu, Kiliinika keef bilbili.

  Kana booddee, gochi Sirna Gabaasa Miidhaa Talaalliif (VAERS) kan gabaafamu ta'a. Doktarri/Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofii keessaniif laraa marsariitii VAERS tiin hojjechuu nid andeessu **www.vaers.hhs.gov**, ykn karaa **1-800-822-7967** bilbilaa.

VAERS tajaajila gorsa yaalii hinkennu.

6 Sagantaa Beenyaa MiidhaaTalaalii Biyoolessaa

Sagantaan Beenyaa MiidhaaTalaallii Biyyoolessaa (VICP) sagantaa Federaalawaa miidhaa talaalliwwan muraasaan dhufaniif beenyaa kennuudhaaf kan hundeeffameedha.

Namni miidhaan qoricha talaalliin kennamaniin dhufuu isaa amanan, waa'ee sagantaa kanaa fihaala beenyaan itti guutamu barachuuf karaa **1-800-338-2382** irratti bilbiluudhaan ykn marsaritii VICP **www.hrsa.gov/vaccinecompensation** do'achuu ni danda'u. Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

7 Akkamittan hedduu beekuu danda'aa?

- Dhiyeessa Tajaajila kunuunsa fayyaa kanisinii gaafadhaa. Inni ykn isheen golga talaalli keessa seenuu isiiniif kennu ni danda'u, ykn madda odeeffannoo biroo isinitti himu danda'u.
- Qajeelcha fayyaa ganda ykn bulchiinsa keessaniif bilbili.
- Giddu gala To'annaa fi Ittisa Dhukkubaa (CDC) qunnamaa:
  - **1-800-232-4636** (**1-800-CDC-INFO**) ykn
  - marsariitii CDC **www.cdc.gov/vaccines**

Vaccine Information Statement
Polio Vaccine - Oromo

7/20/2016

Office Use Only

42 U.S.C. § 300aa-26

DCH-0470O AUTH: P. H. S., Act 42, Sect. 2126.

Translation provided by Minnesota Department of Health